**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i2.1806**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2): 1-16**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Ogwalaloo Oromoo Xiinxaluu Barsiisuu Keessatti Dhiyaatina Akkaatummaa Hojiirra Oolchuu: Qorannoo Yaalii Yuunivarsiitii Bulee Horaa Xiyyeeffate

Taakkalee Tamasgeen [1*], Ashannaafii Balaayi[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu barsiisuu keessatti dhiyaatina akkaatummaa hojiirra oolchuu xiyyeeffate. Qorannichi mala qorannoo yaalii, adeemsa qormaata yaaliin duraafi boodaatiin, Yuunivarsiitii Bulee Horaatti, barattoota Afaan Oromoo waggaa 3ffaa bara 2016 baay'inni isaanii 38 ture tooftaa walsimsiisa gareetti fayyadamuun garee yaaliifi to'atamaa keessatti hirmaachisuun gaggeeffame. Tooftaa walsimsiisa garee kanaan, ramaddiin duraan ture tooftaa iddatteessuu carraa irraa haala adda ta'een gara walgitiinsa gareewwaniitti sirreeffame. Bu'aa qoramaata yaaliin duraa irratti xiinxala "t-test" gaggeeffameen, bu'aan qabxii barattootaa giddu-galeessaan kan garee yaalii 16.63; kana garee to'atamaa 16.94 ta'uun garaagarummaa bu'uuraa hinqabaanne. Kunis, ga'umsi bu'uuraa barattoonni Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu irratti qaban sadarkaa walfakkaataarra jiraachuu agarsiise. Giddu-seentummaan barsiisuu torbeewwan saddeet (8) fudhateen, gareen yaalii barnoota dhiyaatina akkaatummaa irratti hundaa'een kan barsiifame yoo ta'u, gareen to'atamaan mala barsiisaa giddu-galeeffate hordofuun barsiifame. Erga yaalii qabatamaan kun daree keessatti gaggeeffameen booda, bu'aan qormaata ga'umsaa qabxii giddu-galeessaatiin kan garee yaalii 33.37 yoo ta'u, kan garee to'atamaa 23.37 ta'ee argameera. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, barsiisa ogwalaloo Oromoo mala barsiisaa giddu-galeeffate hordofameen ga'umsi Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu barattootaa garee to'atamaa garmalee gadi bu'aa ta'uu; hojiirra oolmaa dhiyaatina akkaatummaatiin ammoo barattoonni garee yaalii akkaatummaan Ogwalaloo Oromoo xiinxaluun ergaa gadfageenya qabu baafachuu danda'aniiru.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 06-10-2025
Revised: 20-11-2025
Accepted: 05-12-2025

***Jechoota Ijoo:*** *akkaatummaa, dhiyaatina, ogbasiisa, ogwalaloo*

**Qorataa Muummee: Taakkalee Tamasgeen*

*E-mail: hundefayisa3@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Afaan sirna seerawwanii yaada irratti hundaa'edha. Sirni kun mallattoolee waliigaltee hawaasaa bu'uureeffataniin qindaa'ee afdubbiifi galumsa barreeffamaa keessatti jijjiirama hiikaa agarsiisuu danda'a (Rana, 2020). Kunis, itti fayyadamni afaanii haala adda addaa keessatti hiika jijjiiramaa qabaachuusaa agarsiise. Kalaqtoonni ogbarruus kaayyoofi haala barbaadan keessatti gooroo murtaa'aa tokkoon ergaa isaanii dabarsuuf sirna afaanii keessaa filatanii hojiisaanii dhiyeessu. Ogwalaloon ammoo gooroowwan ogbarruu biroo caalaa miidhagina qabaachuun, dhageettii keessoo ofii miiraan ibsachuuf kan dhalli namaa baroota dheeraa irraa eegalee itti tajaajilamaa har'a gahedha (Wainwright, 2004). Yaanni kun, ogwalaloon amaloota afaanii addaa fayyadamuu isaatiin goroowwan ogbarruu biroo irraa adda ta'usaa agarsiise. Afaan ogwalaloo bifa afaanii isa caalmaatti fakkeenya ta'ee barreeffama keessatti akkaataa addaatti hojiirra ooludha (Hassan, 2011). Kunis, ogwalaloon hiikkaa addaa fiduu akka danda'utti kalaqa miidhaginaan guutameen udumamee kan dhiyaatu ta'uusaa agarsiise.

Ogwalaloon Oromoos itti fayyadama afaanii isaatiin caasaalee afaanii seenaafi aadaa uummatichaa ibsan hedduu ofkeessatti qabatee barreeffameera. Bu'uuruma kanaan, galmi barsiisa ogwalaloo Oromoo barnoota olaanoo keessaa inni ijoon, akka barattoonni itti fayyadama afaanii ogwalaloo keessaa bu'uureeffachuun hiika kennuu danda'an taasisuudha (MoE, 2015). Haata'u malee, itti fayyadama afaanii kana irratti barattoota ga'oomsuuf barsiisuun danqaa guddaa keessa tureera. Bu'uurri danqaa kanaas, malli barsiisaa giddu-galeeffate ogwalaloo Oromoo barsiisuu keessatti garmalee hundee jabeeffachuudha. Malli kun itti fayyadama afaanii ogwalaloo uummatichaa barsiisuu caalaa waa'ee ogwalaloo ibsuufi cuunfaa irratti cimsa kennuu xiyyeeffachuun, xiinxala hiikkaa gadfagoo irratti carraa hirmaannaa barattootaa daangesseera.

Barachuufi barsiisuu keessatti milkaa'ina kaayyoo barnootichaa isa bu'uuraa dhugoomsuuf dhiyaatina ogbarruu barsiisuu hirmaannaa barattootaaf carraa bal'aa kennuu danda'u hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Gama kanaan, dhiyaatina akkaatummaan ogbarruu barsiisuun gochaalee barattoota giddu-galeessa godhataniifi ogummaa barsiisotaa guddisan bal'inaan hojiirra oolchuuf kan mijatedha (Carter, 1996). Kunis, dhiyaatina akkaatummaan ogbarruu barsiisuu keessatti barattoonni gochaalee dandeettii itti fayyadama afaanii guddisuuf

qophaa'an keessatti qooda hirmaannaa bal'aa qabaachuu akka danda'an dhugoomse.

Ogwalaloon akkaataa xiinxala addaa barbaada (Cook, 2003). Kana galmaan ga'uuf, dhiyaatina akkaatummaa, kan itti fayyadama afaanii xiyyeeffatu; akkaataa akkinaaleen afaanii hiika itti uuman qoratu; akkasumas, karaalee unkaaleen jechootaa filatamanii hiika itti dabalan yookaan cimsan xiinxaluuf mijatu hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee mul'ate. Yaada kana kan cimsu, Li & Shi (2015) yoo ibsan, fayyadamniifi hirkattummaan akkaatummaa mala xiinxala afaanii irratti ta'uun jijjiiramaafi guddina isaa olkaasee, akeeka itti fayyadama afaanichaa duuba jiru gadfageenyaan xiinxaluuf xiyyeeffannoo argate. Haala kanaan, xiinqooqa ammayyaa keessatti qorannoon dhiyaatina akkaatummaatiin walqabatu fuulleffannoo addaa argachuu danda'eera.

Ogbarruu barsiisuu keessatti kaayyoo guddaan hojiirra oolmaa dhiyaatina akkaatummaa, barattoonni caalmaatti ogbarruu akka dubbisaniifi qoratan gargaaruu ta'ee, ogummaa itti fayyadama afaanii gaarii ta'e isaaniif kennuudha (Lazar, 1993). Kanarraas kan hubatamu, akkaatummaan ogbarruu barsiisuun dandeettiifi ogummaa barattootaa haaromsuu, gabbisuufi fayyadama afaanii irratti miira addaa uumuuf filatamaa ta'uusaati. Bu'uura kanaan, barattoonni dandeettii barsiisa ogbarruu irraa argataniin ogbarruu haala qabatamaa garagaraa keessatti kalaqame dubbisanii hubachuu nidanda'u. Akkasumas, ogbarruu dubbisuun, dinqiiwwan namoota adda addaatiin uumaman, kallattii aadaa hawaasaa ogbarruun sun keessaa maddeetiin iddoowwan dhugaafi seenaawwan olkaa'aman arganii beekumsaafi ogummaa dirree barnootichaa gabbifatu.

Akkaatummaan akka malaatti daree barnootaa keessatti ittiin barsiisuufi akkaataa afaan itti hojjetu irratti dammaqina barattootaa guddisuu irratti xiyyeeffata (Zyngier & Fialho, 2010). Yaada kanarraa kan hubatamu, akkaatummaan ogwalaloo barsiisuun ga'umsa itti fayyadama afaanii barattootaa dagaagsuuf mala wayyu ta'uu isaati. Haala kana keessatti barattoonni akkaataa dubbisuufi itti fayyadama afaanii barachuun, waan baratan gara hojiitti hiikuu nidanda'u.

Dhiyaatinni akkaatummaa amaloota xiinqooqaafi barreeffamoota ogbarruu bifa addaan dhiyaatan barattoota hubachiisuu fuulleffate (Clark & Zyngier, 2003). Kunis, barattoonni dhiyaatina akkaatummaatiin baratan dinqisiifannaa gurmaa'ina afaanii

sadarkaa adda addaa barreeffama ogbarruu keessatti argaman hubachuuf carraa bal'aa argachuu akka danda'an agarsiise. Bu'uuruma kanaan, galmi dhiyaatina akkaatummaa hubannoo itti fayyadama afaanii barattootaa kan barreeffamoota ogbarruu keessaa guddisuu ta'uunsaa beekameera.

Walumaagalatti, akkaatummaan fayyadama afaanii ogwalaloo keessaa bu'uura saayinsii: sagalee, dhamjecha, jechoota, seerluga, haaldubbiifi walitti hidhamiinsa; akkasumas, malleen dubbii xiinxaluun hiikuu fuulleffate. Ergaan ogwalaloos haala fayyadama afaanii garaagaraa keessatti jijjiiramuu nidanda'a. Hubannoo kana barattoota keessatti guddisuun, ogwalaloo Oromoo barsiisuu keessatti dhiyaatina akkaatummaa hojiirra oolchuun galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaaf karaa banuudha. Qorannnoon kun barattoota digirii jalqabaa ogwalaloo Oromoo xiinxaluu barsiisuu keessaatti meeshaaleefi gochaalee amala dhiyaatina akkaatummaa qaban hojiirra oolchuun gaggeeffame. Adeemsi isaas, akka barattoonni ogwalaloo Oromoo keessaa hariiroowwan mallattoolee xiinqooqaafi akkinaalee afaanii hiika mallatteessan xiinxalanii ergaa baafachuu danda'an adda baasuu xiyyeeffate.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala yaalii hordofuun gaggeeffame. Bu'uura mala kanaatiin ragaaleen qorannichaa ijoo ta'an tooftaa qormaata yaaliin duraafi boodaatiin walitti qabamaniiru. Dabalataanis, xiinxala gocha barattootaa gaggeeffameen ragaaleen qabatamaan argamaniiru. Tooftaaleen kunneen akkaatummaa fayyadamuun garee yaaliif deeggarsi addaa kenname kallattiifi akeeka akka qabaatuuf gargaaran. Mala kanaan walsimee malli qorannoo makaa ragaalee hammamtaafi akkamtaa ofkeessaa qabu hojiirra ooleera. Malli kun tartiiba beekamaa hordofuun ragaalee gamlamee (hammamtaafi akkamtaa) walitti qabuuf hundarra filatamaadha (Creswell, 2012). Kun, ragaalee hammamtaafi akkamtaa haala qabatamaa hojiirra oolmaatiin funaanuufi xiinxaluu irrattis hojiirra ooleera. Xiinxalli ragaalee qorannichaas saxaxa makaa walfaanaa (convergent Parallel design) hordofuun gaggeeffame.

Yaalii qabatamaa daree barnootaa keessatti gaggeeffame kana irratti barattoonni Yuunivarsiitii Bulee Horaa, bara 2016tti Afaan Oromoo waggaa 3$^{ffaa}$ baratan dhiira 22fi dubara 16, waliigala barattoonni 38 hirmaattota qorannichaa turan. Qorataan barattoota qorannoo kana irratti hirmaatan kanneen damee saxaxa yaalii kan ta'e, saxaxa garee walsimsiisaa fayyadamee garee yaaliifi to'atamaatti qoode. Saxaxi walsimsiisaan iddatteessuu carraa irraa haala adda ta'een ramaddii walgitiinsa gareewwanii sirreessuu ilaallata (Fraenkel, Wallen & Hyun, 2012).

Haaluma kanaan, garee yaalii dhiira 11fi dubara 8 waliigala 19fi garee to'atamaa dhiira 11fi dubara 8 waliigala 19 hirmaattota qorannichaa turan.

Qorannoon kun dhiyaatina akkaatummaa kan barsiisa ogwalaloo caayaa Yaaxxina Addunyaa Barruu (Text World Theory) bu'uureeffachuun gaggeeffame. Kaayyoon Yaaxxina Addunyaa Barruu inni ijoon dubbistoonniifi dhaggeeffattoonni ergaa jechoota walxaxoo akkamitti akka fudhatan ibsuudha (Werth, 1999). Dabalataan, Werth (2007) akka ibsetti, Yaaxxinni Addunyaa Barruu yaaxxinoota adeemsa barreeffamaa irratti dhiibbaa guddaa geessisuun akkaatummaa keessatti fudhataman keessaa isa tokkodha. Yaaxxinichi adeemsa hubannoo barreeffamoota ogbarruu keessatti gamtaa miseensota sadii bakka bu'a. Isaanis: barreessaa, barruufi dubbisaadha. Akkaatummaan ammoo meeshaalee barsiisa isaa kan fudhatu, akkayyaa xiinqooqaa kan dirree bal'aa qabu, tooftaa xiinxalaafi malleen irraa yoo ta'u, kanneenis barreeffamootaafi haaldubbii xiinxaluu keessatti hojiirra oolchuu xiyyeeffate.

Yaaxxina Addunyaa Barruutiin ijaarsa caaslugaa adda ta'e barsiisuuf itti fayyadamuun nidanda'ama (Cushings, 2018). Akkasumas, dubbisuufi beekumsa addunyaa haaldubbii irraa fayyadamuun hiika ogbarruu deeggaruuf, jijjiirama addunyaa haaldubbii ogbarruu keessatti mul'atu furuufi barreeffama kalaqaa jajjabeessuuf, dandeettii sammuu guddisuuf hojiirra ooluu nidanda'a (Giovanelli, 2016; Giovanelli, 2010; Scott, 2016). Haala kanaan, ogwalaloo Oromoo barsiisuun kaka'umsa, hirmaannaa, deebii miiraafi kalaqa barattootaa guddisuuf faayidaa guddaa qabaachuu danda'eera.

Walumaagalatti, xiyyeeffannoon Yaaxxina Addunyaa Barruu yaadrimee kutaalee afaaniifi ijaarsa isaanii qorachuudha. Adeemsi yaadrimee afaaniifi hubannoon kutaa afaanii kamiyyuu iddoo fayyadamtoonni afaanichaa bakka bu'iinsa yaada sammuu isaanii ijaaruuf gargaaramanitti yookaan addunyaa barruu keessatti walitti dhufu. Addunyaaleen barruu akkamitti akka ijaaraman, haalli qindaa'ina yaadrimeefi akkaataan ilmi namaa afaanitti fayyadamu hundi caayaa xiyyeeffannoo Yaaxxina Addunyaa Barruu jala jiru.

## 3. Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee

### 3.1 Xiinxala Bu'aa Qormaata Barattootaa Yaaliin Duraa

Qorannoo kanaaf yaalii qabatamaan daree keessatti osoo hingaggeeffamin qormaanni ga'umsaa barattoota garee yaaliifi to'atamaaf bifa walfakkaatuun kennameera. Qormaatichaan qabxiin barattootaa argame akkaataa kanaa gadiitiin adeemsa **"t-test"** hordofuun xiinxalameera. Kunis, garaagarummaan ga'umsaa gareewwan gidduu jiru guddaa ta'uufi dhiisuu adda baasuu bu'uureeffachuun gaggeeffame.

**Gabatee 1: Xiinxala "t-test" Bu'aa Qormaata Barattootaa Yaaliin Duraa**

**Group Statistics**


| | **Garee** | **N** | **Mean** | **Std. Deviation** | **Std. Error Mean** |
|---|---|---|---|---|---|
| **QYD** | Garee Yaalii | 19 | 16.63 | 4.46 | 1.02 |
| | Garee To'atamaa | 19 | 16.95 | 4.56 | 1.03 |

QYD= Qormaata Yaaliin Duraa

Independent Samples Test


| | | Levene's Test for Equality of Variances | | t-test for Equality of Means | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | F | Sig. | T | Df | Sig. (2-tailed) | Mean Difference | Std. Error Difference | 95% Confidence Interval of the Difference | |
| | | | | | | | | | Lower | Upper |
| QYD | Equal variances assumed | .042 | .84 | -.25 | 36 | .83 | -.32 | 1.46 | | 2.65 |
| | Equal variances not assumed | | | -.25 | 35.98 | .83 | -.32 | 1.46 | -3.29 | 2.65 |

Bu'aan xiinxala **"t-test"** yaaliin duraa kun gareewwan yaaliifi to'atamaa gidduu garaagarummaan akka hinjirre agarsiiseera. Bu'aa qormaata yaaliin duraatiin ga'umsi barattoonni barnoota ogwalaloo irratti qaban kan garee yaaliifi to'atamaa garaagarummaa tokko malee baay'ee gadi aanaa ture. Qabxiin giddu-galeessaa isaaniis kan garee yaalii 16.63 yoo ta'u, kan garee to'atamaa 16.95 ture. Kunis, ogwalaloo barsiifamu keessatti ga'umsi itti fayyadama afaanii barattootaa gadi bu'aa ta'uusaa agarsiise. Hunda caalaatti fayyadamni meeshaalee akkaatummaa barattootaa akka malee gadi bu'aa ture. Kunis, giraafiiwwan kanatti aananiin ibsameera.




Giraafii 1: Faca'iinsa bu'aa qormaata yaaliin duraa barattoota garee yaalii

Ibsa giraafii 1 kanaa oliirraa akka hubatamutti, qormaata yaaliin duraa kenname irratti qabxiin barattootaa garee yaalii olaanaa ta'ee galmaa'e 24 yoo ta'u, gadi aanaan 10 ture. Dabalataanis, qabxiin giddu-galeessaa garee yaalii qoramaata yaaliin duraa olitti ibsamee (16.63) gaditti barattoonni galmeessan 11 ta'uun isaanii giraafii kanaan ifatti agarsiifameera. Kunis, dhiyaatina akkaatummaa xiyyeeffachuun qormaata isaaniif kennamerratti ga'umsi barattootaa gadi bu'aa ta'uu agarsiise.




Giraafii 2: Faca'iinsa bu'aa qormaata yaaliin duraa barattoota garee to'atamaa

Giraafii ‘2’ kanaa olii irraa kan hubatamu, qormaata yaaliin duraa kenname irratti qabxiin barattootaa garee to'atamaa olaanaa ta'ee galmaa'e 25 yoo ta'u, gadi aanaan 10 ta'uu isaati. Dabalataanis, qabxiin giddu-galeessaa garee yaalii qoramaata yaaliin duraa olitti ibsamee (16.95) gaditti barattoonni galmeessan 11 ta'uun isaanii giraafii kanaan ifatti agarsiifameera. Kunis, dhiyaatina akkaatumma xiyyeeffachuun qormaata isaaniif kenname irratti ga'umsi barattootaa gadi bu'aa ta'uu agarsiise.

### 3.2 Gocha Barattootaa: Xiinxala Akkaatummaa Walaloo Fakkeenyaa

**Qajeelfama:** Walaloo "Kamiin Ta'ee Bulu?" Jedhu Bu'uura Walsimannaa Akkaatummaafi Yaaxxina Addunyaa Barruutiin Xiinxali

**Kamiin Ta'ee Bulu?**

Ka'ee harree ta'ee, harrettii fakkaadhuu?
Na dhaannaan dhaanamee, natti feenaan baadhuu?

Sareettiimmoo ta'ee, garaa bal'ifadhuu?
Naa darbannaan nyaadhee, na dhowwannaan usee, marmaradhee rafuu?
Saawwan wayyaa laata? Saawwan kan aannanii

Ilmoo koo beelofte, hidhaatti dhiisanii
Yommuttii waan garaa, na dura buusan…
Aannan gurruu bule, hangan oldeebisu
Waa'ee dhalaa dhiisee, isaaniif mirgisuu?
Daalee koo… booqee koo, jechuun na oossanii
Miiraan macheessanii
Siicoo natti qabaa, aannan haa elmanii?

Namummaa ofbaasee, bofatti ofdeebisee
Garaa miilla godhee, qaama cululuqsee
Summii koo facaasaa, idda dhiigaa keessa

Gatii dhiigaa nyaachaa, jiraachuun ba'eessaa?
Lakki… lakki! Rirman ta'ee ilaala;
Nyaachuu utuun beekuu, du'aa baasee boollaa
Ka dayyabe dhiisee, fayyaa maan qoccolaa?!

Garuummoo…
Filannoon baay'annaan, walnama rukutaa
Bineensa daggalaa leenca waayyaa laata?

Abrahaam 2018, f.104-105)

**Gabatee 2: Gocha Barattootaa- Xiinxala Akkaatummaa Walaloo "Kamiin Ta'ee Bulu?"**

| T/L | Xiyyeeffannoo Xiinxalaa | Ibsa Xiinxalichaa |
|---|---|---|
| 1 | Akkaatummaa: Fayyadama Afaanii<br>a. Iddeesaa<br>b. Suuryaada | **Ibsawwan Ijoo Barattootaa:**<br>Barattoonni hiikkaa walalicha jechaa jechatti osoo hintaane, gara mallattoo humna qabuutti jijjiiruun kennan.<br>**a. Ibsa Iddeesaa:** Dubbataan gaaffii "**Kamiin Ta'ee Bulu?**" jedhu irraa ka'uun **iddeesaa** fayyadamuun amala, gaheefi haala jireenya: harree, saree, saawwaa, bofaa, rirmaafi leencaatiin ofgaafate. Bakka buutonni kunneen amala, gaheefi haala jireenya namaa ykn hawaasummaa adda addaatiif akka iddeesaatti tajaajilan.<br>**b. Ibsa Suuryaadaa:**<br>i. "**Na dhaannaan dhaanamee, natti feenaan baadhuu?"**<br>• Hiikkaa: fakkii qaamaa (rukutamuufi hunda baachuu; miidhaa qaamaafi miiraa) mul'ise. Qaama olaantummaa qabuun to'atamuudha.<br>**i. Saawwan wayyaa laata? Saawwan kan aannanii**<br>**…Waa'ee dhalaa dhiisee, isaaniif mirgisuu?**<br>**Daalee koo… booqee koo, jechuun na oossanii**<br>**Miiraan macheessanii**<br>**Siicoo natti qabaa, aannan haa elmanii?**<br>• Hiikkaa: dhala ofii ganuu; sossobbaafi faayidaa xixiqqoon gowwoonfamuun qabeenyaafi eenyummaa ofii dabarsanii kennuu; aarsaa faayidaa hinqabne kaffaluufi dhugaa dhabuudha. |
| 2 | Akkaatummaa Fakkoommii | **Ibsa:** mallattootti fayyadamuun ergaan bakka buusame ibsameera:<br>a. Harree → Hojii cimaan dararamuufi hunda baachuu; bitamuu. Kunis, namoota namaaf ergaraman mul'ise.<br>b. Saree → Garbummaa amanamaa<br>c. Saawwan → Aarsaa ta'uufi kennaa dhuma hinqabne laachuu.<br>d. Bofa → Haxxummaa, balaafi ofirraa ittisuu.<br>e. Rirma → Carraa nyaachuu argachuufi suuta miidhaa geessisuu<br>f. Idda dhiigaa keessa → fira gidduu/lammii keessa<br>g. Leenca → Ofitti amanamummaafi gootummaan jiraachuu bakka bu'e. |
| 3 | Akkaatummaa Addunyaalee Ergaa Tarkaanfachiisanii | Barattoonni "kaartaa" mul'ataa addunyaalee barreeffama walalichaa gaafatamanii, addunyaalee ergaa jijjiiran ibsaniiru:<br>i. Harree ta'uu<br>ii. Saree ta'uu<br>iii.Saawwa ta'uu<br>iv. Bofa ta'uu<br>v. Rirma ta'uu<br>vi. Leenca ta'uu<br>**Addunyaa Jijjiiruu**<br>Walalichi akka dubbistoonni addunyaalee xiqqaa hedduu gidduutti ergaa jijjiiruun hiikan taasise.<br>**Addunyaa Qaamaa**: Fakkiiwwan qabatamaa bineensotaafi miidhama qaamaa irra gahe.<br>**Addunyaa Miiraa**: Ergaramuufi bitamuu, albaadhummaa, gowwummaan aarsaa kaffaluu, gantummaa, ofta'ee jiraachuu irratti miira abdii kutannaa mul'ateefi fakkaatee jiraachuu irratti burjaajjii yaadaa isa mudate agarsiise.<br>**Addunyaa Muddamaa**: Hawwiifi burjaajjiin fakkaachuun jiraachuu dubbataa irratti mul'ate muddama eenyummaa dhuunfaafi hawaasaa bakka bu'e. |

### 3.3 Xiinxala Bu'aa Qormaata Barattootaa Yaaliin Boodaa

Qorataan bu'aa qormaata ga'umsaa yaaliin duraa olitti ibsame ilaalcha keessa galchuun, garee yaaliifi to'atamaaf barnoota ogwalaloo qopheessuun dhiyeesseera. Garee yaaliif barnoota ogwalaloo dhiyaatina akkaatummaa xiyyeeffate kan dhiyeesse yoo ta'u, garee to'atamaaf ammoo mala barsiisaa giddu-galeeffateen yaaliin torbeewwan saddeetii (8) gaggeeffame. Dhuma yaalii kanarratti qormaata ga'umsaa barattoota kanneeniif kenname irraa bu'aan argame adeemsa **"t-test"** hordofuun akkaataa kanaa gadiin xiinxalameera.

**Gabatee 3: Xiinxala "t-test" Bu'aa Qormaata Barattootaa Yaaliin Boodaa**

**Group Statistics**

| | Garee | N | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| QYB | Garee yaalii | 19 | 33.37 | 2.36 | 0.54 |
| | Garee to'atamaa | 19 | 23.37 | 5.19 | 1.19 |

Xiinxala "t-test" Istaatistiksii Garee (Group Statistics) olitti dhiyaate kanaan, N=19 baay'ina barattootaa tokkoon tokkoo gareewwan lamaaniiti. Qabxiin giddu-galeessaa (mean) garee yaalii 33.37, SD = 2.36, SE = 0.54 ta'eera. Kan garee to'atamaa ammoo qabxiin giddu-galeessaa (mean) 23.37, SD = 5.19, SE = 1.19 ta'uun ifoomeera. Xiinxala kana caalmaatti ifa kan taasisu, Xiinxalli Ofdanda'aa Iddattoo (Independent Samples Test) kanaa gaditti gaggeeffameera.

**Independent Samples Test**


| | | Levene's Test for Equality of Variances | | t-test for Equality of Means | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | F | Sig. | t | Df | Sig. (2-tailed) | Mean Difference | Std. Error Difference | 95% Confidence Interval of the Difference | |
| | | | | | | | | | Lower | Upper |
| QYB | Equal variances assumed | 12.08 | .001 | 7.65 | 36 | .001 | 10 | 1.31 | 7.35 | 12.65 |
| | Equal variances not assumed | | | 7.65 | 25.16 | .001 | 10 | 1.31 | 7.31 | 12.69 |

Xiinxalli Ofdanda'aa Iddattoo (Independent Samples Test) kanaa olii bu'aa qorannoo **"t-test"** yaaliin boodaa barattootaa gareewwan lameen gidduu ifoomsuu irratti xiyyeeffate. Haaluma kanaan, "Levene's Test for Equality of Variances" jalatti F= 12.08, Sig.0.001 ta'ee jira. Kunis, Levene's Test significant (P= 0.001 < 0·05) ta'eera. Kunis, garee lamaan gidduutti garaagarummaan dursee eegame (Equal variance assumed) hafee, garaagarummaan hineegamne (Equal variances not assumed) akka fudhatamu ta'eera. Kanas kan dhugoomse, gabatee **"t-test"** kanaa olii keessatti garaagarummaan qabxii giddu-galeessaa (mean difference) gareewwan lamaanii 10 ta'uusaati. Kun ammoo barattoonni garee yaalii ogwalaloo Oromoo dhiyaatina akkaatummaatiin baratan garee to'atamaa caalaatti ogwalaloo Oromoo xiinxaluufi hiikuu danda'uu isaanii agarsiise.

Gama birootiin, garaagarummaan mul'ate kun filannoo tasaa gareewwan lamaanii waliin walitti hidhamina tokkollee akka hinqabne qaaccessa agarsiisa fudhatamummaa yaalichaa (Sig. /2-tailed) jalatti 0.000 ta'uu isaatiin mirkanaa'e. Kanarraa kan hubatamu, dhiyaatina akkaatummaatiin deeggarsi adaamsa barachuufi barsiisuutiin barattootaaf kenname milkaa'aa ta'uusaati.


Walumaagalatti, bu'aan qormaata yaaliin boodaa kun barattoonni jijjiirama ga'umsaa olaanaa agarsiisuu isaanii mul'iseera. Kunis, barsiisa ogwalaloo Oromoo keessatti hojiirra

oolmaan dhiyaatina akkaatummaa dhugumatti bu'a qabeessa akka ta'e agarsiise. Qoratichi dhiyaatina akkaatummaa hordofuu isaatiin shaakala dhuunfaa barattootaaf xiyyeeffannoo kennuun cinatti, muuxannoo barachuu isaanii akka waliif qoodan taasisuun barachuu barattootaa milkeesseera.




Giraafii 3: Faca'iinsa bu'aa qormaata yaaliin boodaa barattoota garee yaalii

Giraafii 3 kanaa olii irraa akka hubatamutti, qormaata yaaliin boodaa kenname irratti qabxiin barattootaa garee yaalii olaanaa ta'ee galmaa'e 38 yoo ta'u, gadi aanaan 28 ture. Dabalataanis, qabxii giddu-galeessaa qoramaata yaaliin boodaa garee yaalii olitti ibsamee (33.37)fi kana garee to'atamaa (23.37) gidduu garaagarummaan jiru 10 ta'ee osoo jiruu, barattoonni qabxii giddu-galeessaa (33.37) olitti galmeessan 8 ta'uun isaanii giraafii kanaan ifatti agarsiifameera. Kunis, dhiyaatina akkaatummaa xiyyeeffachuun qormaata isaaniif kennamerratti ga'umsi barattootaa fooyya'iinsa gaarii agarsiisuu isaa mul'ise.




Giraafii 4. Faca'iinsa bu'aa qormaata yaaliin boodaa barattoota garee to'atamaa

Giraafii 4 kanaa olii irraa akka hubatamutti, qormaata yaaliin boodaa kenname irratti qabxiin barattootaa garee to'atamaa olaanaa ta'ee galmaa'e 32 yoo ta'u, gadi aanaan 14 ture. Akkasumas, qabxii giddu-galeessaa qoramaata yaaliin boodaa garee to'atamaa (23.37) ture. Dabalataanis, barattoonni garee to'atamaa hundi qabxii giddu-galeessaa qoramaata yaaliin boodaa garee yaalii olitti ibsamee (33.37) gadi galmeessuu isaa hubanna. Kunis, mala barsiisaa giddu-galeeffate hordofuun barsiisa ogwalaloo kennameen ga'umsi barattootaa gadi bu'aa ta'uu agarsiise.

Walumaagalatti, giraafiiwwan kanaa olii garaagarummaa bu'aa qormaata ga'umsaa barattootaa yaaliin duraafi boodaa garee yaaliifi to'atamaa agarsiisaniiru. Kanarraas qabxiileen ijoo ta'an lama qabatamaatti argamaniiru. Tokkoffaa bu'aan qormaata barattootaa yaaliin duraa gareewwan lamaanii garaagarummaa tokko malee daran gadi bu'aa ta'uudha. Lammaffaa, bu'aan qormaata yaaliin boodaa barattoota garee yaalii kan garee to'atamaarra daran caalee argamuu isaati. Kunis, barattoonni garee yaalii garee to'atamaa caalaatti ga'umsa fayyadama afaanii ogwalaloo keessaa guddifachuun, ogwalaloo Oromoo xiinxaluu danda'uu isaanii agarsiise.

## 4. Goolaba

Qorannoon kun Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu barsiisuu keessatti dhiyaatina akkaatummaa hojiirra oolchuu xiyyeeffate. Adeemsawwan qorannoo kanaa keessatti qormaata yaaliin duraafi boodaatiin argannoowwan kanaa gadii adda baafamaniiru:

Tokkoffaa, bu'aa qormaata yaaliin duraatiin barattoota garee lamaan gidduu garaagarummaan ga'umsaa akka hinjirre adda ba'eera. Lammaffaa, dhiyaatina haaraa kanaan barattoonni garee yaalii adeemsa barumsichaa keessatti gadfageenyaan akka yaadaniif kaka'umsaafi carraa gahaa uumameen bu'uura dhiyaatina akkaatummaatiin itti fayyadama afaanii ogwalaloo keessaa xiinxaluun ergaa baafachuu danda'aniiru. Sadaffaa, barattoota gareewwan lamaaniif dhiyaatina garaagaraan barsiisni ogwalaloo kennameeen ga'umsa barattootaa irratti garaagarummaan guddaan argameera.

i. Barattoota garee yaaliif dhiyaatina akkaatummaa hojiirra ooleen barsiisni kenname barattoota giddu-galeessa godhachuufi gochaalee hirmaachisoo xiyyeeffachuu isaatiin, ga'umsa Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu barattootaa guddiseera.

ii. Qabatamummaa yaalii qorannoo kana keessatti barattoonni garee yaalii erga walaloo dubbisanii booda ergaa walalichaa yaada mataa isaaniin ibsuu danda'aniiru. Haaluma kanaan, mil'udureefi afaan ogwalaloo (maqiinsa, waltarrummaafi deddeebii irratti) dammaquun shaakala afaanii hojjechuun hirmaattoota sochii barachuu gaarii qaban ta'aniiru.

iii. Barattoonni ogwalaloo xiinxaluu keessatti shaakalawwan kanneen akka: amala caaslugaa, fayyadama jechootaa, sagaleefi boca barreeffamaa adda baasuun hiika kennuu akka xiyyeeffatan jajjabeeffamaniiru. Kunis, barattoonni adeemsa barumsichaa keessatti gadfageenyaan akka yaadaniif kaka'umsaafi carraa gahaa isaaniif uumeera. Fakkeenyaaf, “Jechi kun barruu kana keessatti maaliif filatame?”, “Jecha isa kamtu miira guddaa uume?”, “Waloon sagalee, jechaafi boca kana maaliif fayyadame?” jechuun xiinxala isaanii babal'ifataniiru.

v. Faallaa dhiyaatina haaraa kanaan, malli barsiisaa giddu-galeeffate ogwalaloo Oromoo barsiisuu keessatti hojiirra ooluun hirmaannaa barattootaa kan daangeesse ta'uun isaa ifoomeera. Kanumaan walqabateee, ga'umsi barattootaa garee to'atamaa bu'aa qormaata yaaliin boodaatiin kan garee yaaliirraa gabxii giddu-galeessaa 10 ta'uun gadi bu'eera.

Vi. Dhuma irratti, mala dhahii filannoo maleessaa (the null hypothesis) kuffisuun, mala dhahiin filannoo (the alternative

hypothesis) fudhatama guddaa argateera. Kunis, ogwalaloo Oromoo barsiisuu keessatti dhiyaatina akkaatummaa hojiirra oolchuun barreeffamoota walaloo hubachuufi hiikuu irratti dandeettii barattootaa guddisuu danda'uu isaa mirkaneesse.

Walumaagalatti, barsiisa ogwalaloo Oromoo sadarkaa digirii jalqabaa keessatti hojiirra oolmaa dhiyaatina akkaatummaatiin bu'aan barachuu barattootaa gama Ogwalaloo Oromoo xiinxaluu danda'uutiin milkaa'aa ta'eera. Dhiyaatinni akkaatummaa gochaalee carraa hirmaannaa barattootaa bal'isan, fayyadama afaanii guddisaniifi yaada barattootaa kakaasan hojiirra oolchuuf mala qajeelaa ta'ee fudhatameera. Bu'aa isaatiinis, barattoonni ogwalaloo dhiyaateef ofeeggannoon dubbisanii xiinxaluun, ogwalaloo keessaa ergaa baafachuu danda'aniiru.

## Wabiilee


Abraam T. Guddinaa (2018). *Singiggoo*: South Africa- Johannesburg.

Carter, R. (1996). *Look both ways before crossing:* developments in the language and literature classroom in Carter, R. and McRae, J (eds) Language, Literature and the Learner Creative Classroom Practice. Harlow: Longman, 1-15.

Clark, U. and Zyngier, S. (2003). *Toward apedagogical stylistics*. Language & Literature 12(4): (pp.339-351).

Cook, G. (2003). *Applied Linguistics*. Ed. Widdowson, H.G. Oxford: Oxford University Press.

Creswell, J.W. (2012). *Educational Research.* Planning, Conducting, and Evaluating Quantitative and Qualitative Research. Fourth Edition. University of Nebraska–Lincoln.

Cushing, I. (2018). *Stylistics goes to school*. Language and Literature, 27(4), 271-285.

Fraenkel, J.R, Wallen, N. E, & Hyun, H.H. (2012). *How to Design and Evaluate Research in Education.* Eighth Edition. McGraw-Hill

Giovanelli, M. (2016). *Text World Theory as cognitive grammatic:* a pedagogical application in the secondary classroom. In J. Gavins, & E. Lahey (Eds.). World-building: discourse in the mind (pp.109-126). Bloomsbury Academic.

Giovanelli, M. (2010). *Pedagogical stylistics*: A text world theory approach to the teaching of poetry. English in Education, 44 (3) 214-231.

Hassan, K. (2011). *Syntactic Aspects of Poetry:* A Pragmatic Perspective. International Journal of Business and Social Science Vol. 2 No. 16; September 2011.

Lazar, G. (1993). *Literature and Language Teaching: A Guide for Teachers and Trainers.*Cambridge University Press. 409-417. Article ID: IJM_11_11_041.

Li, X., & Shi, M. (2015). *A stylistic study on the linguistic deviations in E. E. Cummings' Poetry.* Journal of Pan-Pacific Association of Applied Linguistics, 19(2), 23 54.

MoE (2015). *Identified Competency-Focus Areas and Core Courses for Ethiopian Higher Education Institutions' Exit Examination. Program*: - BA Degree in English Language and Literature. Addis Ababa, Ethiopia.

Rana, A. M (2020). *An Analysis of Using Stylistic Tools in Teaching Poetry at Graduate Level.* International Journal of Management (IJM) Volume 11, Issue 11, November 2020, pp. 409-417. Article ID: IJM_11_11_041

Scott, J. (2016). *Worlds from words:* theories of world-building as a creative writing toolbox', In J. Gavins & E. Lahey (eds), World building: Discourse in the Mind. London: Bloomsbury Academic, 127 – 145.

Wainwright, J. (2004). *Poetry:* The Basics. London and New York: Routledge.

Werth, P. (2007). *Text Worlds*: Representing Conceptual Space in Discourse. Pearson Education Inc., New York.

Werth, P. (1999). *Text Worlds:* Representing Conceptual Space in Discourse. London: Longman.

Zyngier, S., & Fialho, O. (2010). *Pedagogical stylistics, literary awareness and empowerment*: A critical perspective. Language and Literature, 19(1), 13-33.